AANAA MANA BARUUMSA HAWAASA MAGAALAA SIOUX

Karoora Barachuuf-Deebi'u kan Mana Barnootaa

2021-2022

Sioux City Community Schools

believe... achieve... succeed

Karoora Barachuuf-Deebi'u kan Aanaa Mana Barnootaa Sioux City

Akkuma Qajeelcha Kuutaa Barnootaa Iowa tti Aanaan Mana Barnootaa Sioux City (SCCSD) 'n bara barnootaa 2021-2022tiif Karoora-Barachuuf-Deebi'u qopheessee jira. Marsariitiin SCCSD waa'ee hojmaata adda of baasuu fi qofaatti bahuu akkasumas dalagaawwan of eeggannoo ilaalchisee odeeffannoo haaraa qabateera. Marsariitiin SCCSD asitti argamuu ni danda'a: https://www.siouxcityschools.org/.

Yeroom Guutuu, Qaaaman Barachuu

Kalandariin mana barnootaa 2021-2022 fudhatamee fi sa'aatiiwwan (idilee) barattootaaf ramadame ni hordofama.

Fayyaa fi Nageenya

Fayaya fi nageenyi barataa fi hojjetaa dursi guddaa kan kennamuufidha. Giddu galli To'annoo fi Ittisaa Dhukkubaa (CDC) namoonni yoo guutumatti hin talaalamne ta'e maskii afaanii fi funyaanii kaawwachuu akka qaban yaada kenna. Barattoonni, hoojetaan fi dawwattoonni mana barnootaa kanneen qoricha talaallii hin fudhatin guyyaa hundumaa mana barnootaatti maskii afaanii fi funyaanii akka kaawwatan ni jajjabeeffamu. Barattoonnii maskii isaani gara mana barumsaatti akka fidan ni jajjabeeffamu. Nama maskii afaanii fi funyaanii gaafate hundumaaf maskiiwwan ni argamu. Maatiiwan daa'imman isaanii maskii afaanii fi funyaanii kawwachuu akka qabaniif kaan filatan ta'a. Hojjetaan Aanaa mana barnootaa barataan kamiiyyuu kan maskii afaanii fi funyaanii kaawwachuu filatan murtiin isaaniitiin miira itti tolutu itti dhagahama. Haasawawwan kutaa barnootaa keessaa filannoo barataa obsuu fi fudhachuu ni beeksisu.

Dhaabbanni SCCSD barnoota qaamaan baratan barattootaaf bara barnootaa 2020-2021 haala milkaa'een qabateera. Nageenya barataa fi hojjetaa gara bara barnootaa milka'aatti gaggeesse mirkaneessuuf baaqqanawwan hedduun kaa'amaniiru. Barri barnootaa 2021-2022 hojiil qulqulleessaa walfakkaataa bara barnootaa 2020-2021tti faayidaa irra oolaniin eegalaa. Barattonni deskii fi giddu-galaaa barumssa isaani barnoota dura fi erga itti fayyadaman booda ni qulqullessu. Dhiyeessii meeshaalee qulqullinaa kan argamu ta'a. Qulqulleessituu harkaa daree barnootaa fi biiroo tokkoon tokkoon kessa ni argama. Nuti qajeelfama CDC ni hordofna akkasumas yeroo barbaadamu adeemsawwan ni jijjiirra. Gamoowwan fi kutaaleen naannoowwa yeroo baayyee tuttuqaman yeroo guyyaa keessa yeroo baayyee kan qulqulleeffaman ta'ee akkasumas qulqulleessi cimaan godhamuuf hanga gamoon duwwaa ta'utti hin daangeffamu.

Maatiin hundi daa'imma/daa'imman isaanii osoo mana barumsaa ykn gara sochiiwwan deemuuf manaa hin bahin dura hoo'ina qaamaa isaanii ni safaruu jedhamee eegama. Barattoonni dhukkubsatan mallattoowwan yoo qabaatan mana turuu qabu.

Daa'imti mana barnootaatti yoo dhukkubsatte tarkaanfiiwwan garaagaraa fudhatamuu qaban lama ni jiru. Yoo daa'imnni tokko ho'iinsa qaamaa kan qabuu ta'e mulate (mallatto COVID ta'u danda'a), daa'imnni daree irra maaskii ufatee gara ″kutaa kunuunssa″ tti ergamu qaba. Daa'imni bakka tiraafikiini heduu jirutti gara biirootti ergamuu hin qabu. "Kutaan kunuunssa″ kun dhiyeessii fi meeshaalee yoo daa'imni manatti ergamuu qabu murtesuuf

gargaaranin ni qopha'a. Narsiin mana barnootaa yookan gargaaraa narstii heeyyamameefii “kutaa kunuunsaa” ni hordofu akkasumas Meeshaalee of Eeggannoo Dhuunfaa ni dhiyeessu. Dhaabbanni SCCSD qorannoowwan COVID ni argata. Daa’imti mallaattoo dhibee COVID yoo qabaatte maatiin ni qunnamamu akkasumas maatiin yookan guddistuun heeyyama yoo kennan qorannoon dhibee COVID baratichaaf ni kennama. Bu’aan qorannoo dhibee COVID maatiittif ni himama. Yoo daa'imni gara manaatti ergamu akka qabuu murta'e, daa'ima isaanii dhukkubsatte fuudhuuf akkasumas babal'ina COVID gamoo keessatti ittisuuf maatiin gara mana barumsaatti akka dhufan ni eegamu. Barattoonni mallattoo COVID hin taaneen dhukkubsatan yoo dhukkubsatan gara biirootti ergamu.

Eegumsa nageenya kan biraa jalqaba waggaf gamoowwan seenu irratti murtesuutti jiraa. Of eeggannoo fayyaa fi nageenya jechaa maatii fi tola oolttonni kutaawwan daawwachuu hin danda'an. Eejansiiwwan alaa argachuuf dhimma dhimmaan murteeffama.

Hojjettaa Deeggarsaa

Dhaabbanni SCCSD baay’ina gorsitoota qajeelfamaa Aanicha keessaa bara barnootaa 2021-2022 tti irraa eegalee dabaleera. Gorsitoonni qajeelfamaa dabalataa barattootaaf deegarsa kan eknnu yoo ta’u akkasumas deeggarsawwan dabalataa barattootaaf ni qindeessa. Dhaabbanni SCCSD ogeesota teeraappistii fayyaa sammuu mana barnootaa keessa taa’an kanneen gamoowwan keenya keessa hojjechaa jira karaa shariikummaa eejansiiwwan fayyaa sammuu fi dhiyeessitootaa waliin qabnuun babal’asuu. Gorsitoonni qajeelfamaa ogeesota teeraapistii fayyaa sammuu sammuu waliin walqunnamuun barattootaaf deeggarasawwan dabalataa ni gaafatu.

Hanga bal’ina dareewwan hir’isuu fi addaan fageenyi hawaasaa akka dabalu heeyyamuu, gamoowwan keessaa dareewwan yoo jiraate dhaabbanni SCCSD yeroo murtaa’etti hojjetoota dabalataa qacaruuf karoora qaba akkasumas gitawwan hojiitiif iyyattoota qulqullina ol’aanaa qabantu jira. Hangawwan bal’ina daree mana barnoota sadarkaa tokkooffaa giddu galeessaan barattoota 18 dareewwan oolmaa daa’immaniitii keessatti, barattoota 20 dareewwan kutaa tokkooffaa keessatti, barattoota 22 dareewwan kutaa lammaffaa, barattoota 24 dareewwan kutaa sadaffaa keessatti, barattoota 26 dareewwan kutaa arfaffaa keessatti fi barattoota 28 dareewwan kutaa shanaffaa keessatti. Miseensonni hojjettoota dabalataa barumsawwan bu’uuraa mana barnoota giddu galeesasatiif ni qacaramu. Hojjettoota mana barnoota giddu galeessa dabalataatiin manneen barnoota sadarkaa giddu galeesaa gareewwan guutuun hojjechuu ni danda’u. Dareewwan bu’uuraa man barnoota sadaarkaa lammaffaa hanga balina daree giddu galeessaan 30 gadi ta’a.

Dhaabbanni SCCSD barattoota mana Aanaa keessaatti barumsa galan hundumaaf bara barnootaa yeroo turtii 2021-2022tti ciree fi laaqana bilisaa kennuu isaa itti fufa.

Qophii Barumsaa Keenuu fi Barumsa Dhabuuf Qaqqabuu

Jalqaba waggaa irartti barattoonni barteewwanii fi hojmaatawwan aadaa mana barumsichaa ni barsiifamu. Wantoota daddabalamanii hojjetaman fi hojmaatawwan mana barnootaa kan of keessa qaban: Wantoota Deeggarsi Giddu Lixummaa Amala Gaari (PBIS) eegaman, tooftaalee sirritti harka dhiqachuu, adeemsawwan minjaalaa fi iddoo hojii qulqulleessuu:, imeelii Outlook argachuu, walgahiiwwan Teams’iin walqunnamuu, yeroo ajajni

garaa Teams’iitiin dhiyaatutti sirritti hirmaachuu, ″fuula qubsummaa″ sagantaalee/appilikeeshinootaa kan Aanaan deeggaraman fi haala bal'ina qabuun hojji irra olan qabu argachuu, Canvas ykn Seesaw argachuu fi fayyadamuu, akkasumas gaaffiiwwan teeknikaa yookiin rakkooleef gargaarsa argachuu.

Jalqaba bara barnootaa irratti, hojjettoonni hunduu dokumentii sababa cufinsa manneen barnootaa qabiyyee fi dandeettii barattootni bara barnootaa 2019-2020 tti hin fudhanne qodu ni argatu. Dokumentiin kun yeroo cufinsa qaawwaa barnnota kessa uumamee ilaalchisee barsiisotaf hubannaa dhiyeessa.

Yeroo ji'a jalqabaa bara barnootaa 2021-2022tti, qorannoowwan ni to’atamu, akkasumas sadarkaa barnootaa fi dandeettii barattoota murteessuuf xiinxalli daataa ni raawwatamaa. Qormaataawwan armaan gadii murteewwan sagantaalee fi ramaddii godhuf faayidaarra ooluu: IGDIs dubbisuu fi barreessuu fi herrega barattota oolma-da'imaanif, qormaataa dubbisuu fi barreessuu FAST baratoota kutaa TK-5, qormaataa herrega FAST barattota kutaa TK-5, qormaataa herrega BME Aanaan-qopha'e barattota kutaa 6-12, qormaataa dubbisuu fi barreessuu Rapid baratoota kutaa 6-8, qormaataa dubbisuu fi barreessuu Deebii Banaa kutaa 9-12, fi qormaataa-seensa dubbisuu fi barreessuu Aanaan-qopha'e barattota kutaa 2-12. Bu'aawwan qormaataa walgahiiwwan maatii-barsiisaa birraa tti qoodamu.

Wantoota yeroo bara barnoota 2020 keessatti badan tokko tokkoo fi fi barnoota bara 2020-2021 addaan cite akka sirratu gargaaruu, gargaarsi yeroo barnootaatiin alaa barsiisuu fi hojii manaa hojjechuu barattoota barnootaan dadhaboo ta’aniif, barattoota deeggarsa dablataa fudhachuu filatanii fi barattoota barumsicha kufaniif ni kennama. Gargaarsi yeroo barnootaan alaa fi hojii manaa yeroo bara barnootaa 2021-2022, bara barnootaa 2022-2023 fi bara barnootaa 2023-2024tti ni kennama. Piropoozaala gaafachuun dhuma bara 2021tti eejansiiwwan alaatiif akka piropoozaala dhiyeessan barattootaaf bifa leenjii yeroo barnootaan alaa fi gargaarsa hojii manaatiin gargaarsa dhiyeessuu qabu.

Barnoota yeroo manni barumsaa 2020 cufametii badanii fi barumsa bara 2020-2021tti addaan cite akka sirreeffaman garagruuf maallaqa ESSER III’tiin barumsi gannaa kan gannawwan bara 2021, 2022 fi 2023 ni dhiyeeffamu. Barattonni mana barnoota sadarkaa tokkooffaa dubbisuudhaan yookan hereegaan qabxii sadarkaa kaa’ameen gadi galmeessisan mana barnoota gannaa sadarkaa tokkooffaa akka hordofan ni jajjabeeffamu. Barattonni mana barnoota sadarkaa giddu galessaa dubbisuudhaan yookan hereegaan qabxii sadarkaa kaa’ameen gadi galmeessisanii fi/yokan kanenen barumsawwan murteessaan kufan mana barnoota gannaa sadarkaa giddu galeessaa akka hordofan ni afferamu. Barattonni mana barnoota sadarkaa lammaffaa barumsawwaniin kufan mana barnoota gannaa sadarkaa lammaffaa akka hordofan ni affeeramu.

Teekinooloojii

SCCSD'n barattoota kutaa 6-12 jiraniif laptopii ni dhiyeessa. Laptoppiiwwan kun intarneetii qabu akkasumas mana barnnota keessatti fi manaatti hojiirra oolu danda'u. SCCSD'n barattoota TK-5 keessa jiranif meeshalee dhuunfaan akka itti fayyadama ni dhiyeessaf.

Meeshalee qooduun hin barbaachisu. Meeshaleen dabalataa kan akka meeshaalee gargaarsaa yookan meeshaalee fooyya'anii barbaachya meeshalee waliif qooduu hir'isuuf ni barbaachisu.

Giddu galli bilbilaa barattootaaf, maatiiwwanii fi hojjettootaaf gaaffiiwwan teekinolojiin walqabatan akka argataniif ni jiraata. Giddu galli bilbilaa sa'aatii 7:00am fi sa'aatii 7:00pm gidduutti kan jiraatu ta'a.

Barumsaa Viirchuwaalii

Barumsi qaamaan argamuuf yeroo guutuu baratamu labsii mootumaman dhibee COVID-19,'tiin walqabatee baasuun yoo barbabachise gara barnoota virchuwaalaatti deemuu ni danda'a.

Dhaabbanni SCCSD filannoo virchuwaalaan barachuu dhiyeesuu ni danada'a. Maatiiwan bara barnootaa 2021-2022'tiif barumsa virchuwaalii filatan daa'ima(man) Mana Barnoota Virchuwaalaa VIBE Akkaadaamiitti galchuu ni danda'u.